STAY SAFE MN

Qorannoo COVID-19 Manatti

12/15/2020

Mineesota fi Vault Medical Services haala tajaajila qorannoo dhiibbaa hin qabne hancufaa kan COVID-19 manatti nama kamiiyyuu kan mallattoo qabuu fii hin qabnes kan Mineesotaa keessa jiraatuf taasisuun danda'amu irratti waliigalanii jiru. Qorannoo ati manatti taasisuu dandeessu, baasii tokko malee ajajadhu: Vault: Qorannoo Tolaa COVID-19 Minesotaanota hundaaf (https://learn.vaulthealth.com/state-of-minnesota/).

Qorannoo ammuma barbaadda taanan, filannoo qorannoo qaamaan taasisuu asirratti argadhu: Bakka Qorannoo argadhaa: https://mn.gov/covid19/get-tested/testing-locations/index.jsp.

- Qorannoon hancufaa kuni akkuma qorannoo funyaan keessatti isa sirriidha. Ati ammatti COVID-19 qabaachuu fii dhiisuu kee fii nama biraatti kan daddabarsitu ta'uu kee adda baasa. Kuni qorannoo duraan COVID-19 dhaan qabamuu fii dhiisuu kee kan adda baasuu miti.
- Qorannoon hancufaa kuni jiraattota Mineesotaa hundumaaf kennama.
  - Inshuraansii qabda taanan, odeeffannoo kee dhiyeessuu qabda akka kaampaniin inshuraansichaa sirraa kaffaluuf. Inshuraansiin kee qorannoo COVID-19 tiif hin kaffalu yookan immoo gahaatti hin kaffalu yoo ta'e, mootummaan gatii isaa ni kaffala. Inshuraansii hin qabdu yoo ta'e, mootummaan qorannoodhaaf ni kaffala. Ati liqaa argatta.
  - Odeeffannoo kaardii liqaa keetii marsariitii Vault irratti hin galchin. Kana akka gootuf gaafatamta taanan, mul'istuu (browser) sana cufii deebisii yaali. Qorannoo bilisaan argachuudhaf, geessituu armaan olii fayyadamii gara marsariitiitti adeemi. Qorannoodhaf kaffalteerta yoo ta'e, maaloo iimeela gara testathome.mdh@state.mn.us tti ergi.

- Ga'eessotaa fii daa'immanis lamaanuu qorannoo kana fayyadamuu ni danda'u. Ga'eessi waggaa 18 yookan sanaa olii, dirqama qorannoo daa'imaa gaafachuu qaba. Ammatti, nama kamiiyyu kan qorannicha barbaaduuf teessoo iimeelaa addaatu barbaachisa.
- Qorannoon hancufaa namoota hancufa tolchuu irratti rakkina qabaniif ulfaachuu mala, kanneen akka daa'imman xixiqqoo fii namoota dhukkuba dhiigni sammuutti yaa;uu qabaniif.

Akkamitti qorannoo taasisna

- Daqiiwwan 30 qorannoo taasisuu keetin dura, hin nyaatin, alanfatin, yookan hin dhugin (bishaanille dabalatee).
- Qorannoo fudhachuuf yeroo qophooftetti, gara kutaa vertuaalii eeggachuu VoltV (https://app.vaulthealth.com/login?redirectUrl=https://app.vaulthealth.com/waiting-room&simple=true/) seenicha taasisuudhaan hogganaa qorannoo Vault kan ajaja siif kennu wajjiin suursagalee ilaali.
- Sana booda qorannoo kee gara mana yaalii Vault kan Mineesotaa yookan New Jersey keessa jirutti ergita, kuusaa dursa itti kaffalame kan qorannicha wajjiin dhufu fayyadamte. Takka mana yaalii gaheera taanan, bu'aa qorannoo keetii sa'aatiwwan 24-48 keessatti ni argatta.

Erga qorannoo taasistee booda

- Ani qoratameera–Amma Hoo? (https://mn.gov/covid19/get-tested/i-got-tested-now-what/index.jsp)
- Yeroo Bu'aa Qorannoo COVID-19 kee Eeggattutti Maal Akka Gootu (https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/waiting.html)

Odeeffannoo dabalataa

- Gaaffilee deddeebiidhan waa'ee qorannoo COVID-19 gaafataman: (https://mn.gov/covid19/get-tested/faq/index.jsp).
- Daangaa malee, qaaman qoratamuu: Iddoowwan Qorannoo COVID-19 kan Hawaasaa: (https://mn.gov/covid19/get-tested/testing-locations/community-testing.jsp).
- Waa'ee qoratamuu gaaffii qabda taanan, maaloo mn@vaulthealth.com dhaaf iimeela ergi yookan 800-800-5698 irratti bilbili.Bakka bu'aan Vault iimeela yookan bilbila kee dhiyotti haala danda'ameen ni deebisa.
- Rakkina waa'ee bu'aa qorannoo kee argachuu yookan komii yookan goyyoomsaa: Komii Qabdaaa? (https://mn.gov/covid19/get-tested/feedback/index.jsp).
- Sababa hir'ina qaamaaf gargaarsa yoo barbaadde yookaan jijjiirraa afaanii yoo feete email Kanaa gadiin nuquunnami. accessibility@vaulthealth.com.